

Hin dhaabadhu gadi hin ciisu
Madaan qaba deemsa hin dhiisu
Madaa dugdaa dhuka la'ee
Baadhen deema yooman ra'ee?
Deemsa! ba'ee maai'an mugaa?
Galaan baadha galaa dhugaa!!

Siidaa Warraa

Siidaa Warraa

Diinayyaas Warqun Abbehee



Diinayyaas Warqun Abbehee

Prodused: Oromiya Waxabajjii 2021

SIIDAA WARRAA

Kuusaa Walaloo

Diinayaas Warquu Abeebee

Finfinnee, Oromiyaa

Waxabajjii 2021

©Mirgi barreessaa seera gadaafi safuudhan eegamaadha!

Yaadafi qeeqa qabdaniif

Bilbila: 0925086118

Email: diinmeettaa@gmail.com

Telegram: imaltuu

Facebook: Diinayaas W Abeebee

Yaada Gulaaltotaa

“Oromoon yeroo mammaaku ‘haati mixmixxaa kanuma kootu guba’ jetti. Addunyaan kun irra caalaa ishee of himuu fi of mul’isuudhan beekamti. Caalumatti warri adii uumama kaaniin olitti of lakka’u. waaquma illee akka kophee haala isaaniif ta’ee fi safara mataa isaanitiin kalaqatu. Qarooma Afrikaa dhoksanii saamanii abbummaa isaa kan ofii godhachuudhan as baa’anii lallabu. Afrikaanonni akkuma sirba dirqii sana osuma beekuu gowwoomsaa warra adii fudhata. Kitaabni kunis ilmaan Oromoo fi hortee Kuushif kanuma lafa kaa’a. dhaloota waan Afrikaa otoo hin qaana’in leellisu kan akka barreessaa kanaa qabaachuniyyuu qarooma warra adii caala.”

Bilisummaa Shibbiruu (Barreessaa)

“Ta’iiwwan gurguddoon addunyaa keenyarratti taa’anii darbanii fi ta’aa jiran marti isaanii yaada turan. Yaadolee kanatu humna jechootan of ibsee ta’ii nuti ajaa’ibsiifannuu fi hadheeffannu ta’ee mul’ate. Jechoonni akka hiriiruu qabanitti sirnaan gaafa hiriiran humna yaada ta’ii gochuu qofa otoo hin taane; ta’ii ta’ee darbeyyuu humna diiguu qabu. Eenyummaa fi ta’ii warrikee ijaaree darbes humna jechootatiin lafaa kaastee dhalootatti himta. Siidaan warraas akeektuu ta’ii warra keenyaati. Dubbistootan faana siidaa warraa qabadhaan jedha.”

Tolasaa Badhaadhaa (Barreessaa)

“Lubbuu foon keessa kaleessa turetu lubbuu hardha foon keessa jirutti dhaamsaa fi galfata isaa cancala. ‘SIIDAA WARRAA’ warra siidaan warroometu beeka. Dhaloota siidaa warraa dhaabuu fi mul’isu ta’aa! Barruu dilbii walaloo kana dubbisuun dhugeeffadhaa!”

Sooran Nugusaa (Barreessaa)

“Addunyaan irra jiraannu kun dhaloota of ta’ee jiraatuufi dhaloota orma fakkaatee jiraatu of irraa qabdi. Dhaloonni of ta’ee jiraatu irbuuf imaanaa warra ofii baachaa kaayyoo dhalootaa irratti cichee, biyyaaf biyyoo dhaloota dhaalchisa. Dhaloonni akka ormaatti jiraatu garuu, yeroo hundaa hamaamota cidha alagaa ta’ee hafa. Sababa dhaloota akkanaatiif addunyaan kunis abbaa haqaa haqaaqxee, dhaloonni dabareen dhara alagaa jalatti kufee akka jiraatu taasifte. Kitaabni *Siidaa warra* jedhu kunis yaada kana bifa qindaa’aa ta’een lafa kaa’ee jira. Dhaloonni bara si’anaa kunis galaa kana kudhaammatee dhaloota dubbisu maraaf akka qaqqabsiisun dhaama”

Oromiyaa Dhaabaa (Barreessaa)

“Lammii hundi kitaaba kuusaa walaloo dhama fi yaa’insa bo’oo gaarii qabdu kanarraa beekumsa guddaa akka argatu abdiin qaba! Kanaaf dhaloonni qubee kitaaba kuusaa walaloo kana dhamdhamee waan eenyummaa isaa akka irraa qocatu dhaamsa kiyyadha!”

Bariisoo wayyeessaa (Barreessaa)

Yaadannoo

Dhaloota warra qabutu warra ofii yadata! Yaadannoon kan warra keenyati.

Galata

Galanni kan warra qubaa citee qubee nuun ga'ee fi dachee keenyaf jedhee lafee cabsee, dhiiga cobseeti. Galatoomaa!! Galanni keessan galma ga'umsa kayyoo keessanii haa taatu!

Itti aansee dhaloota hardha daandii warraatirra jiranii fi sarara kaayyoorratti beelaa fi dheebuu akkasumas aduu fi qorra obsanii daandii kanarratti dafqa cobsaniiti. Galanni keessan xumura daandittii fi ifa biiftuu haqaa haa taatu!

Isin warri barruu kana gulaaltaniifi yaadan na bira dhaabattan marti keessan galatoomaa!

Seensa

Guyyaan isaa gaafa kana jedhee yaadachuus baadhu garuu, gara galgalaati; biiftuun lixuuf reefuu randa irra geessi. Abban kiyyas qarree qe'ee keenyaa gadi jiru wayii irra taa'ee, loowwaan isaa ijaan to'achaa jira. Anis loowwan keenya ilaaluufi fardeen yeroo hundaa baduudhaan na rakkistu to'achuufan ifumaan gara qarree kanaatti qajeele. Abbaan kiyya shokokii deemsa miila kiyyaa dhaga'ee, gara harka bitaatiin ofirra garagalee na ilaaleetu, “faardeenkees har'a yeroodhumaan araddaa irratti wal geessee koottutii taa'imee” naan jedhe.

Anis taa'een, abbaa kiyya waliin haasa'u eegale. Qarree irra teenyee jirru irraa gara lixaatti ija fageessinee yoo ilaallu, loowwan sana irraan kan mul'atu hallayyaadha. Abbaan kiyya ija isaa qalbii isaa faana qaarisiisee, xiqqoo yaadaan badeetu, “uumamni kun bee raajiidha!” naan jedhe. Anis deebiseen, “maaliif jettanii?” jedhee gaafadhe.

Abbaanko irraa deebi'ee “hallayyaa kana ilaalimee! Dhaagawwan gurguddoofi mukeen gogaafii jiidhaa achi jiran kana argitee? Guyyaan dabaree isaa halkaniif bakka gadi lakkisuuf adeema. Bineensonni guyyaa gara godoo ofiitti fiigu, warri dukkanaas yoona hirriba isaanii irraa ka'anii bobba'uuf sossona'aa jiru. Isaan kuni garuu biiftun ba'uu ishees galuu ishees ni yaadda'u. Guyyaa aduutu waxalaa oola halkan qorraatu fixeensa isaa irra buufatee cabbii isaan fakkeessa. Guyyaa abidda baasanii halkan immoo bubbleen walitti isaan buusa. Argitee! Hin socho'ani! Balleessaa tokko malee aachumaa dararaa

kana hunda argu. Kanumaanuu qottootu irraa sirba; dhagaas homtuu hin hiluuf burrusaan waqaramaa oola. Kan sochii baremmoo jala gangalachaa oolee aachumatti isaan dhiisee gala. Isaan garuu waatu aachi isaan kaa'e; waan eeganis qabu ta'a. Tarii maaltu beekaa gaafa warri deemsa bare kun sakaalamanii, isaan sun mana godhatantu jiraaf aachi taa'u ta'a. Guyyaanis barris dabareedhan nama geessi. Kan lubbuun jiru waayee hallayyaa kanaa dhuma isaa gaafa tokko inuma ijaan arga. Yaa ilmakoo!! waanan siin jedheefan qabaa kanan hamma sitti hime kana hin dagatiin!" naan jedhee ka'ee na biraa deeme.

Anis hamma humnakoo yaadeen siidaa hin sochoone sammuu keessatti of ijaare. Siidaa kaayyoo laga keessa jiruu; achii dhuftee warra ofii tiksuuf kan dhaabate. Yaada kanatu har'a barruu ta'e. **SIIDAA WARRAA** qalbiin irra deddeebiin dubbisaa; dhugeeffadhaa; keessattis of ilaalaa!

Dubbisa Gaarii!

Baafata

Qabiyyee

Fuula

Yaada Gulaaltotaa.....	i
Yaadannoo.....	iii
Galata.....	iii
Seensa.....	iv
Aboo rakkanneerra.....	1
Biiftuu deemsaa naaf hin taatu	5
Ilmi isaa haroo ta'e.....	6
Simbirrookoo michuu kiyya.....	14
Awaash kuni dhugumaa?.....	16
Yaa bo'oo Finfinnee	19
Sobii gogsi.....	22
Xiqqaan isaa hunda caala	29
Akkamiin wal agarra?	31
Durdurii	33
Bartee kooti.....	42
Qocaa waatu dhibe.....	44
Faana milkaa'inaa.....	45
Abshiir uma argina.....	47
Siidaa Warraa.....	49
Dallaa shiboo keessa teessa	51

Atuu korma	53
Giimii lafee boba'ee.....	54
Bal'oo	56
Yaa dhugaa laga Dambii.....	58
Dhalootarraa gootan qaba	60
Galaan baadha.....	61
Yaa hiriya.....	64
Arrabnikoo siif joore	66
Hin xumurre deemsakoo.....	68

Aboo rakkanneerra

Otoo beekuu boolla qotee

Dhaloota dhidhima buusa

Nama ta'ee dhalatee

Akka bineensaa yuusa

Sobee ciisee nama ciibsee

Manaaba badii manaaba

Ammas otuma beekuu

Dhaloota waraansisuuf

Qoraattii mataa yaaba

Namni ijjannoo dhabee

Guyyuun raafamaa oola

Sammuu kankee hacuucee

Yaada isaan si goola

Hirriiba du'aa raftee
Addunyaan ka'uu didde
Aboo rakkanneerra
Ofdhabuun badii fidde

Addunyaan maraattee
Nutis keessa maraanne
Cirracha callaa fakkaatu
Callaa jennee haranne

Addunyaan kolfaa oolti
Gammadaa of fakkeessitee
Eela ofii arguu diddee
Addunyaanuu wal akkeessite

Uummata jireenya jiraatu dhiisee

Jiruu hin jirre hawwu waliin

Aboo rakkanneerra

Kan du'e nutti hin galiin!

Heerri kan isaa itti fakkaatee

Wallaalummaan kan riqicha si taasifatu

Cubbuu isaa sitti fe'ee

Warra dhugaa si baasifatu

Kanuma keenya saamanii

Kiyya jechaa dhaadatu

Adiin waan keenya malee

Bifa keenya hin jaalatu

Addunyaa si loluun dura
Onnee dabaan dabeessu
Aboo rakkanneerrakaa
Addunyaanuu dhugaa hin dhageessu
Galma ofii diiguuf
Uummata yaamee wal baasu daboo
Warra sammuu ofii gurgurate waliin
Nuun rakkanneerra aboo!

Biiftuu deemsaa naaf hin taatu

Erga kooraa dammaqee

Fardummaan ni jiraaree?

Erga dubbii dadhabee

Gamnummaan ni jiraree?

Yoo sukkuummattee hin dabarre

Dirmammuu dira goraa

Bishaanuu dhulaandhula qaba

Hin jiru manni tolaa

Ijibbaata beelatuu

Eelee sagal dhaabatuu

‘Billic’ jettee ifteedhaaf

Biiftuu deemsaa naaf hin taatu

Ilmi isaa haroo ta'e

Warra shaatii Barruu

Warra abbaa fardaa

Warra mootii ari'e

Duuban eeboon sardaa

Fardasaa obaafatee

Dhiiga habbuuqee tufee

Cilaaloo jalaan marsee

Gootni Qadiidaa dhufe

Mana manaan yaa'ee

Gosti walii birmatee

Mootii waraanan dhufe

Gaallloodhaan ari'ate

Eeboon mootiif qarame

Kan Leenjisoona darbata

Mootii sana hanqatee

Farda isaa argate

Gonfoon mootii harca'ee

Sootalli warqii kufee

Niitiisaa gatee gale

Mootiin waraanaf dhufe

Lukaan laga ceesisee

Tabba jilbiibbiin deemsisee

Kophee isaa gachisiisee

Waarosaa marachiisee

Dafqa isaan buusisee

Ari'ee Mojoona yaasee

Hardhas fardi Abbaa Magaal

Lubbuu mootichaa baase

Farda Abbaa Magaaliin

Dheessee masaraa ga'ee

Oolee otoo hin buliin

Isiraa'eliin ba'e

Faranjiitti iyyatee

Takkaa itti boo'ee

Dubbiin farda jalatti waraanuu

Gama sanatti hoo'e

Gariin mala malee

Kaan waraana bitee

Hidhaa bara baay'ee

Kan koodiin nu hiite

“Sibiila sibiilaan muri
Bosoqqeef haaduu qari!
Mixiinuu yoo laga ceetu...
Biyyoo itti darbanii
Bishaan nyaachisuu bari

Booqitoo siifan bitaa
Keenyaa manakee cimsi
Hoolatti Yeeyyii naqii
Al-takkatti dhidhimsi”

Jettee as ergite
Furtuu shiraatin cuftee
Xaxaa sana qabattee
Waraanni Daargee dhufte

Salgan Siree sararaa
Kan rasaasni dadhabe
Jabaa gara galgalaa
Jogolaan gadi qabe

Shiboo harkatti baatee
Lafeen isaa eela'us
Diina ciree balleessuf
Onneen isaa beela'us

Dirqamni gadi qabdee
Murtiisaa dhaggeeffatee
Harki isaa akka citu
Diinni itti addeeffate

Maal haa godhu akkam haa ta'u?
Shiboo harkarraa eessa haa kaa'u?

Dhugaa qaba harkatu hidhame

Irraa hiiknan inniyyuu beeka akka ta’u

“Bada anaa! bada Qeerroo

Otoon arguun harka kennaa?

Akkamitti harka dhabde yoo nuun jedhan

Dhala keenyaan maalum jennaa?”

Jedhee onnee bokoksee

Diinatti ija baasee

Ilkaansaa ciniinnatee

Onnee isaatti asaase

Ammas hin ta’u jedhee

Harka isaa kennuu didnaan

Murtii isa guddicha

Mootichi itti fidnaan

Jedhe Qeerroon Abbaan haroo
Abbaan lagaa hora lakkuu
Kan dhaloonni ittiin ba’u dhabsuu
Kan biqiltuun ittiin margu

*“Harka dhabuu manna
Ilma dhabuu wayyaa
Harka yoo muramne.....
Maalin diina lollaa?
Banne ilmaan aayyaa*

*Ilmoodhaas yoo dhalchine
Maalin guddisna yaa firaa?
Harmee haadha dhiiraa
Harmi muramee jira*

Maal abbaasaa harka laannaa?

Diinaan waraanna maleessa

Na sangoomsi dhalan dhaba!

Malee harkakoo siifkennee.....

Ani hin ta'u dabeessa"

Jedhee onneen dhikkisee

Booree dhalootaaf kaa'ee

Sanyiisaa muree gatee

Ilmi isaa haroo ta'e!

***Qeerroo Nageessoofi uummata Arsii Minilik
harkaaf harma mureef***

Simbirrookoo michuu kiyya

Bohaarsituu lafa onaa

Sissi'ooftuu haadha sonaa

Dammaqsituu ganamaa

Sassaabduu galgalaa

Yaa haadha muuziqaa

Miiltookoo daggalaa

Wuc wuc... ciic ciic..ciiw ciwi...

Sagaleekeen of sooreen

Afaan keetin haasawaa

Yaala sammuuf hin dhiphadhu

Naaf taateetta dawaa

Imaanaakoo bakkaan geessa

Ergaa waadaaf lubbuu baatta

Dhaqi dhaqii hin beektu

Iccitii hidhattee kaatta

Ba'aaf galakoo otoo beektuu

Hin gurgurre faana kiyya

Guutuuf hanquukoon itti asaasa

Dhugaakoo isheetu naaf iyya

Galmee dhoksaa waan hundumaa

Baattuu ergaa waadaa biyyaa

Sin amana si hin shakku

Simbirrookoo michuu kiyya

Awaash kuni dhugumaa?

Akka looreet Tsaggaayeefaa

Sin joonjessu gaaffidhaanii

Soorgoof sookoo sitti fe'ee

Of cicciri siin hin jedhu gaabbidhaanii

Dhugaan bara natti himi

Si harka jira sitti hin cimu

Icciitiidhas yoo ta'ellee

Nan dhokfadha anuu hin himu

Ati hin geenye yoo jettesii

Dubbii baatee ittiin godaanuu

Cuqqaalatti himii darbi

Inni seera qaba bar hoodanuu

Inuma deemta hin dhaabattu
Ereritti naaf hasaasi
Burqaan kankee eenyu lagata?
Mee kanuma adda naaf baasi

Cirracha dheeraa kuttee
Cirrachuma keessatti fixxa karaa
Jedhanii odeessaa oolu
Mee natti himi dhugaan baraa

Dhidhimteema haftaa ati?
Bara baraan of awwaaltee
Boqonnaakee maaf dhoksita
Tarii atiyyuu of wallaaltee?

Biqiltuuwwan Killa Manajaaroo
Siin dagaaganii latanii

Galteen hara Turkaanaa

Waa'eekee dubbatani

Kuni dhugumaa; achi geessaa?

Mee dubbadhu waan Turkaanaa

Nu hin dheebossin dhabsuu warraa

Habbuuqakeen dheebuu baana

Galaa Gadaan siif galaase

Nurraa kuttee nu hin beelessin

Sammuu hannaan saamsame

Madeessitee nun eelessin

Waayeen kankee Awaash

Nuun galle tasumaa

Lafa seena siin jedhuu

Awaash kuni dhugumaa?

Yaa bo’oo Finfinnee

Raqa ormaa kan geejjibdu
Irraan gadeef dalga fiigdee
Dallaa isaanii jalaan seenta
Ujummoota hunda diigdee

Yaa bo’oo Urufa Raaree
Kan Agamsa jalaan kuttee darbitu
Kan Birbirsaa Gooroo sanaan
Mana mootiitti akka wal argitu

Jette jetteen dhaga’e
Isintu taa’a yaa’ii biyyaa
Ni dhageessa ati icciitii
Mee eessa jirti handhuraan tiyya?

Baayyuma argite jedhanii
Mee dubbadhu ati lakkii
Maaf achi seentee hafteree?
Sirraayyuu nan qaba shakkii

Tarii gaafa dhumaa sana
Isaan sanaf banamuufii
Keenya awwaaltee fixxee?
Si biraa qabna hin dagatin
Biqiltuu si keessa lixxe

Amma torba seene ba'u ati hin deemne
Inum fullaate fafakkaattee
Yoo feete 44 waamtee
99n kakattee

Inuma hafte inum oolte
Hin mancaane hin diigamne
Raa keetis baachuu hin dhiifne
Xiraa kosiif darsarraas hin hiikamne

Aja'aa sitti gatu, funyaan kankee xiraa bare
Warra silaa mudoo qabu, si ifatu akka saree
Ati duudaadha hin dhageessu
Firas diinas lafa hin keessu

Dunuunfattee, dhodhokattee, daddaa'attee
Bar baayyuuma dhidhimsite
Naaf sifaa'ee hafa hin se'iin
Kudhaamnikoo isheen bar-san liqimsite.

•FINFINNEE; Yooseef Gaachuuf!

Sobii gogsi

Siif jiraan keetiyyuu

Anaaf humna taa'a

Sumaan jajjabaadhen

Tabba guddaa baa'a

Fiigi tabba gamaa

Jettee nan gidirree

Duubaan na waxaluufis

Hiriirsistee hin hiriirre

Situ daandii naaf baase

Ofiif qoraattii koree

Obsaafi cichoomina

Karaa keetu naaf hore

Hin agabne hin dheebonne
Situ naaf oole dhabsuu
Argeen gale qaroo qaraan
Mormakoo dhugaa hin dabsu

Yaa'ii ya'aa
Dambalii keessoo
Miti kankee
Galmi teessoo

Ba'aa dugdaa
Gugguuffiifi jilbiibbi
Gingilchanii secca'uufaa
Waan akka dhimbiibbi

Ingirdaadaaf callaa soruu
Bilcheeffannaa gala boruu

Lafee kaleessaa ol kaasanii
Warra hardhaaf onnee horuu

Maseensituu dantaa dhuunfaa
Kiyya kiyyaaf deemsa maqaa
Dhaadhessituu keenya keenyaa
Ati hin dhaqxu lafa raqaa

Faanni kankee madaa'adha
Deemsa kaayyootu ure
Jallataa danqa deemsa
Situ daandirraa mure

Silaa akka seeraa....
Maanguddootu killa galee
Waan hundumaa raaga raaga
Dhugaa waliin dudubbatee
Jiraa waaqaa

”Asiin ba’i achiin gali

Gaafa akkanaa manaa hin ba’in

Buburree caffee keessaa

Babbaqadhu bira hin ga’iin

Godoo sana bira geenyaan

Gororayyuu hin liqimsiin

Ciniinnadhuu qaxxisi

Akka fardaa hin imimsiin

Suuta jedhii qubaan deemi

Shokoksatee hin jaagamin

Bubbee rooba keessayyuu ta’u

Gadi dhaabadhu hin raafamin

Laga sanas ennaa ceetu
Tokko qofa habbuuqqadhu
Hin nyaatamin adaraakee
Yoo siif gamte cicciriitii lulluuqqadhu

Gubbaan isaa Calalaqaa
Keessi isaa summii baata
Himtee kiyyatu na akeeke
Bira hin ga'iin suma nyaata''

Jedhee si qajeelcha ture
Hunda siif hubatee
Amma garuu sumatu arge
Faanaaf qalbiin guggubatee

Eeyyee sumatu arge

Maafan dhugaa haala?

Hardharra teessee boru ilaalaa

Moluu malee taate abbaa falaaf malaa

Mee ati eenyuree

Qaallichamoo ayyaantuudha?

Mee natti himi barri tunihoo

Gad-dhiiftuumoo hammaattuudha?

Silaa beekta

Yaa'a baraa dura buutee

Ogummaamoo ayyaanadha?

Mee nutti himi eessaa fuutee?

Garuummoo dhugaa qabda;

Baga didde ammas dhoksi

Dudubbattee hin garsiisin

Ittuu gogsi!

Yoo dubbattee

Dhaloonni hardhaa ni gurgura

Baar-gam ceesisee

Gariin ammoo godoo dhiigaa sana guuta

Fe'ee wal feesisee

Kanaaf eela gaabbiin nu waxaluurra

Itti cichii ammayyuu dhoksi

Cimcima isheerra dhagaa tuulii

Biyyoos itti naqii sobii gogsi!!!

Xiqqaan isaa hunda caala

Silas kan nama cabsu

Gaarii namaan hin jedhu

Gaarummaa nama biraas

Ifa baasuu hin fedhu

Hunduu mudaa mataa isaa

Yoo harbeessee himatu

Gaarummaa isa tokkoo

Gaarii gaarii godhee hin simatu

Ogummaa ulee Muusee

Yoo jabaatee odeeffamu

Qaroomni warra Afrikaa

Seenaa ta'ee hin ibsamu

Silas uummanni adii
Of jajuun hunda dursa
Amantaaf yaada bocee
Gurraacha ittiin cunqursa

Afrikaan yoom gubatee?
Yoom jalaa haran daaraa
Tolus badus xiqqaan isaa
Xiqqaan isaa guddaa caala!

Akkamiin wal agarra?

Nu gidduutti ijaarratan
Gamoo dhagaaf sibiilaa
Silaa qara tokkoon nu waraanu
Kamtu kamirra hilaa?

Bishaan walitti dhugnu
Itti siif makan summii jibbaa
Addaan nu fageessite
Nuuf gamtekaa dhiibban dhibbaa

Lookoo jaalala dhugaa
Hidhata onnee lamaanii
Biqiltuu galgala shoggorree galle
Kichuutti kutanii nuuf gamani

Eessan dhufeen taphannaa?

Ijakee keessa argee
Doobbii gamtaa diigutu
Gidduu keenyatti marge

Karaan kiyyaafi kankee
Shira ormaan fagaatee
Bullees itti ilaallaan
Didee nutti hammaate

Otoo tulluu uumamaa ta'ee
Jalaan naannofnee dabarraa
Dallaa harka namaatifuu
Akkamiin wal agarra?

Durdurii

(Wal bira hin fannisan)

Dur dur kaa' aniitu jedhanii.....

Bineensota afuri

Afranuu sanyiin isaanii adda

Mana guutanii taa' u

Garuu wal hin dubbisan

Akka waan qe'ee gaddaa

Leenca, Bofaaf Waraabu

Qeerransis keessa jira

Mana tokkotti galuutu

Isaan taasise fira

Waliin oodaa jiraachuun

Baayyee isaan yaachisnaan

Isaanuma keessaa
Tokko ka'ee dhaabatee
Sadan warra hafanis
Nagaa waaqaa gaafatee

*" Jarana!! maal taatanii?
Mee haguma yoomii
Waliin oodna adaraa?
Koottaa seera tumannee
Waliin jiraanna akka baraa
Waan jibbinu walitti himee
Amala walii eegnee jiraanna
San-booda tokko taanee
Waan qabnu waliin hiranna"*

Jedhee yaada dhiyeessinaan

Hundumtuu walii galee

Amala isaanii himachuuf

Dabareen tarree gale

Silaa humnisoo kanuma isaanitii

Dabareen Leencaf laatamnaa

”Egaa isinuu beektu

Ani hin qabu amala dhibba

Jedhi erga jettaniimmoo

Natti hin wacinaa ani iyyuman jibba”

Jedhee afaan luugamee

Waca isaanii dhorkee

Dabareen Qeerransaaf laatame

Gooticha Leencan morke

Qeerransis dabaree isaa

Ofiisaaf ija babaasaa

"Ija natti hin babaasinaa

Ani ija hin jaalladhuu

Kan ija narraa gadi hin qabne

Kuteen darba hin laalladhu"

Jedhee qaxxisaa bu'e

Waraabuf iddoo laatee

Sunis *gindil gidindil* jechaa

Waltajjiirra dhaabatee

"Eee Egaa ani garaa hin danda'u

Raqarran oolee gala

Gaafan goodadhaa galu

Eessaa dhufta? Jettanii

nan gaafatinaa adaraa"

Jedhee waakkachuu eegale

Inni garaa hin obsine

Garaa isaatiif jedhee

Kan icciitii hin dhoksine

Hundumtuu dudubbatee

Dabareen Bofaa geenyan

Amala jibban dudubbatatanii

Teessoo isaaniirra teenyaan

Boftis as achi ilaaltee.....

"Animmoo miila hin qabu

Beektu lafarran loo'a

Miilan narra hin dhaabatani

Isin narra dhaabannaan

Beekadhaa summiin boo'a"

Jedhanii dudubbatanii

Amaloota ofii tarreeffatanii

Daangaa waliif sararaniin

Amaloota walii kabajuuf murtaaffatan

Otuma kanaan jiranii.....

Guyyaa tokko ganama

Qeerransi lafa ciisuu ka'ee

Dallaan duuban *qarxam* jennaan

Utaaletoo gadi ba'e

Yeroo saaqqatee ilaalu

Kuteen dallaa duubaa gugguufa

Barii abbaa kormatin

Alaa galuuf gulufa

Qeerransi baay'ee aaree

“Namana hin maraattee!

Maaf dallaa narratti diigda?

Isayyuu barii kanaan

Eessaa galuudhaa fiigda?”

.....Jennaan !!!!.....

Waraabessi ija babaase

Akka re'ee *axxaaqqoo*

Iyyanii wal iyyisiisanii

Walumatti utaaan

Akka kormaa handaanqoo

..... Sunii.....

Akkam eessaa galtaa na gaafatta

Jedhee ija babaase

..... kunii.....

Akkam ija natti babaasta jedhee
Mataa ciree lafa raase
K anum keessa iyyi mandara sanaa
Obbo Leencoo lafaa kaase

*“Enyu haadhakee taatee
Ajajakoo cabsitaa?
Iyya hin jaalladhu jennaan
Bariidhan natti iyyitaa?”*

Jedhee aaridhaan utaalee
Walirratti ishee qabatee
Otoo jara sukkuumuu
Bofa mataarra dhaabate

Boftis bakka maram ee ciisuu ol jedhee
Summii itti gadi dhiisee

Sadanshee walirratti
Summii takkaan ajjeesee
Geeraree mamaggalee
Ta'e abbaa qe'ef araddaa
Ahaa jedheen anisii
Kanaaf jedhe oromoonkoo
Wal bira hin fannisan
Mi'a ramaddiin aaddaa!

Bartee kooti

Yoo barbaadde mana ooli

Gadi baatee sin argin namuu

Bakakkaan waaqaa bu'ee

Hanga yandoon roobee caamu

Koottu jedhee ani sin yaamu

Qorraaf hoo'a mara dhugee

Karaarratti dhaabidhaan mugee

Hin quphaanu gadi hin ciisu

Kutee hin deemu dhaabii hin dhiisu

Na hin beellamin

Feetu koottu feetu hafi

Aniyyuu siifan joora

Hin dadhabin ati rafi

Gaaf-toltemmoo

Gaafa ayyaana ija kootii

Lasallasaa natti koottuu

Faffacaasii qaarmaaf lootii

Ani garuu gaaf hundayyuu achin jira

Akka eegduu qe'ee mootii

Karaarra dhaabadhee si eeguun

Natti hin hafu bartee kooti.

Qocaa waatu dhibe

Imalaaf manaa ba'ee

Kan goondadhaaf mandhee ta'u

Maayii guyyaatif ba'ee

Kan waggaatti bira ga'u

Kan cidha dhagaa oolee

Boosoma isaanii waliin gangalatu

Mana warra simbirroo

Kan achiin darbii lagatu

Gowwaa taliila jibbee

Firoomfatu bishaan booruu

Qocaa waatu dhibe

Kan gannaa bona jooru!

Faana milkaa'inaa

Danda'aa akka keetii
Eessattiyyuu hin agarre
Qullaadhumakee deemta
“Toorshiniif” gogaa hin barre

Waan manaa baateef qabda
Hin feetu maqaaf “mooraalii”
Miilumakeen dhugaatti fiiga
Hin beektu paatirooliif ooraalii

Qilleensarraan mukarra fiiguu
Situ qaba dandeettii
Ogummaa keetu caale
Elekoobtariif jeettii

Daandinkee qilee keessa
Bu'aa ba'ii hin dhabu

Rakkinni hanga fedheyyuu

Daandiikeerraa sin qabu

Biiftun sitti lixceedhaf

Hin teessu deemsa dhaabdee

Dukkana keessa joorta

Gufuufi dhagaa yaabdee

Qoraattin si waraanee

Biyyoonis yoo si gube

Deemsis sitti dheeratee

Gufuunis yoo si hube

Hin dhufa barri tokko

Barri boqottee raftu

Yaa faana milkaa'inaa

Akka joortetti hin haftu

Abshiir uma argina

Ani siif yaa jooru harmeekoo

Harmee bosona keessaa

Kan lagaa qoraan cabsitu

Ko'eettii haadha hiyyeessaa

Tabba foqoqaa baata

Dugdatti qoraan baattee

Qooqakee sabbataan hiita

Garaadhaa hin qabdu nyaattee

Bonaaf ganni siif diina

Dabareen si luqqisuu

Gamtaa roobaaf aduuti

Harmeekoo kan huuqqisu

Dugdikee madaa qaba

Hin ciistu lafa geessee

Miilakee gufuutu nyaate

Sin oofu si fageessee

Ba'aaf gallikee dhiphuudha

Qilleensiyyuu rakkina sitti asaasa

Burqaan yaadaa dhoo'eetu

Garaa kankee si raasa

Mucaakeef si dhukkuba

Dadhabbi isaa aadda

Otoo ofiikeef garaa hin buufatin

Beela'uu isaa yaadda

Didee sitti jabaate

Ammi gadadoof rakkinaa

Guyyaa gaafa tokkommoo

Seeqaaf gammachuu keetis

Abshiir uma argina!!

*Harmee qoraan baattee gaara baatee galaa gadi
deebistuuf!*

Siidaa Warraa

Gaara guddaa duumessa waaqaa

Gurraachicha abbaa haqaa

Siidaa dhugaa warra keenyaa

Siin jabaannee boru geenya

Dhalootakeef galaa kuusta

Heera kaastee seera buusta

Harmakee jalatti hin dheebonnu; hin beelofnu

Ayyaanakee jalattis hin madoofnu; hin eelofnu

Ogummaa keetin qaramnee

Dhagaarraa abidda baasne

Ayyaantummaa keetiin

Warra waliin hasaasne

Situ alaa nu galche
Yaa gaaddisa dhalootaa
Jabinakeen hiikame
Koodiin hidha barootaa

Humna guddaa dirree cimaa
Jabinakee nutu himaa
Yaa'a jabaa darsa haru
Siidaa warraa siin ofbaru

Galfata Abbaa kan aayyoo
Waan ogummaa seenaa kaayyoo
Hin jigdu hin dagatamtu
Siidaa warraa hin gatamtu

Bakka dhoksaa dukkanaa'aa
Keessa teenyee si agarraa
Yaadannoo irbuu dhalootaa
Si yaadanna siidaa warraa!

Dallaa shiboo keessa teessa

Halkan guyyaa gadi hin ciisu

Yaada keetu naan taphata

Otoon ciisee lafa hin ga'iin

Abjuu keessa na qabata

Sodaachisoo sagalee sibiilaa

Wawwaraansa akka biilaa

Mankaraarsa eegduu sobaa

Naaf gamteetti jiruun kophaa

Mee dhaamsakoo na dhageessaa?

Si ga'eeraa ergaan kiyya?

Hin boqonne gadi hin ciifne

Dhugaa keetiif taa'en iyya

Nan komatin yaa jaalallee
Naaf mijatee sin lagannee
Amartiikee qomaan qaba
Irbuu kalee hin daganne

Lafti dhi'ee yoo bari'u
Fuula kiyya duraa hin baddu
Haalli kamuu hin jijjiiru
Hirbuu ana faana qabdu

Biqiltuu sana kunuunsufin
Jooraa oola laga keessa
Gadi hin teenyee nan komatin
Ati dallaa shiboo keessa teessa

Atuu korma

Otoo beektee akka beekaa
Waan beektuuf hin beekne beekta
Warra kaleessaa dhugeeffattee
Warra boruuf akeekta
..... Malee

Waan wallaalte wallaaltee
Fuullee hin beekne keessatti of ilaalaa
Ofiikeef madaallii dhabdee
Alagaa keessatti of madaalaa

Qabeenya ormaa of gootee
Hin hoo'isin godoo ormaa
Gaafa xiiqiif gaafa dhalootaa
Atuu Korma! !

Giimii lafee boba'ee

Hammam oolee bubbulus

Barbadaan lagaa ifu

Ofirraa hin qolatu

Rooba yandoofi tiifuu

Alaalatti si waxalee

Kan gubaansaa si goolu

Innoo oolee bubbulee

Daaraa ta'uunsaa hin oolu

Mukukkulli dibamee

Waaddii boqqoollof ta'u

Inniyyuu yoo jabaate

Kan barii lafaa ga'u

Abidda harka namaatin

Keenya lafeen boba'e

Dhaamsee daraa hin goone

Dhiigni waliif lola'e

Hin dhaamu hin dhaamotu

Daaraa ta'ees bubbeen hin Kaasu

Giimiin lafee boba'ee

Barbadaa'ee daaraa hin baasu

Bal'oo

Hidda qeenxee lama ta'u
Of daneessuuf adda ba'u
Hundee balee, damee lakkuu
Gosa mukaa fakkii dhanquu

Hundee mukaa ol-biqilu
Bakka lamatti kan of-hiru
Misee, latee daddagaagu
Babal'atee daddaraaru

Kichuu mukaa of baay'isu
Bal'oo ta'ee of bal'isu
Muka hidda fageeffatu
Dhaabbii hundee jabeeffatu

Laga guddaa yaa'aan qeenxee
Bakka lamatti of qirixe

Yaa'ee yaa'ee of lakkeessuu

Adda ba'ee of daneessuu

Laga lakkuu of taasisu

Dachee bal'aa dheebuu baasu

Burqaa tokkicha mataan lamaa

Yaa'a bal'oodha jedhama

Anis aachi dhuftikoo kana

Yaa'a bal'oodha akkana

Seenaa guddaa ani qabu

Fakkeesanis haada qal'oo

Tokko ta'ee lafaa ba'ee

Mataan isaa ta'e bal'oo

Yaa dhugaa laga Dambii

Akka Awaashiif Gannaalee

Akka Dhidheessaaf Gibee

Siin qulqulloofna jennaan

Atuu nu faalte dhibee

Loowwan gugurraa filaan

Horakeen dhabsuu ba'u

Hardha si bira darbee

Danda'ee mana hin ga'u

Qaama dhalootaa hir'istee

Nu jechisiifte sanyii abaarsaa

Garaatti summii naqxee

Nutti taate nyaqarsa

Burqaankee ayeetuudha

Hin qabdu makaa addaa

Qorsaaf sirni keenyayyuu

Dur bar si keessaa madda

Madaa baay'eedha qabna

Sanyiidhan nun eelessin

Siin qonnee facaafanna

Waa maktee nun beelessin

Yoo siif gamte qoori

Seenaa hojjadhuu darbi

Nuuf galtamoo achiin hafta?

Yaa dhugaa laga Dambii

Dhalootarraa gootan qaba

Biyyaaf jedhee kan of kenne

Nutis qabna goota jabaa

Tokkoon muudee tokkoon faalaa

Maqaan tolee gochaan dabaa

Otoo hin taane

Dhugaaf jedhee kan naaf fannifame

Isa morme caba sabaa

Achiis miti adii miti

Dhalootarraa gootan qaba!

Galaan baadha

Lafa onaatti dafqa cobsee

Dadhabbiikoo kaayyootti obsee

Jilbeeffadheen tabba baa'a

Galaa baadhee maafan taa'a?

Galaa seenaa galaa aayyoo

Galaa gootaa galaa hirbuu

Galaa baadhee taa'ee hin sirbu

Faana jalaan dhiiga cobseen

Madaa qaamaa hunda dhokseen

Galaan baadhe bakkaan gaa'a

Galaa baadhee maafan taa'a?

Sodaachisoo Booyyeef Arbaa

Hunda baadheen bira darba

Nan deebifne summiin bofaa

Ittuu fuulduratti na oofa

Ijaan arguuf lafa dhiiraa
..... gaafa xiiqii
Gaarri guddaanuu ni diriira
Achiin ga'een goota soora
Galaa baadheen
Cabaaf cabbii keessa joora

Hin dhaabadhu gadi hin ciisu
Madaan qaba deemsa hin dhiisu
Madaa dugdaa dhuka lafee
Baadhen deema yooman rafe?
Deemsaf ba'ee maafan mugaa?
Galaan baadha galaa dhugaa

Qoraattidhaan waraanamaa
Xiqqaa guddaan abaaramaa
Nan hiixadha morma baasee
Haalli ulfaataa ta'us garuu
Hin goyyoomu dhama raasee

Dukkana keessan kufee kaa'a
Qileef tabban bu'ee baa'a
Galaan geessa galaa harmee
Galaa baatee
Kankoo hin ciisu garaan sarmee

Dugdi kiyya waadaa baata
Waadaa lafee dhaamsa qaataa
Imaannata soora dhiigaa
Ergaa biyyaan baadhee fiiga
Ergaa baadhee
Akkamiinan taa'ee mugaa?
Galaan baadha galaa dhugaa!!

Qbo'f

Yaa hiriya

Yaa hiriya gaafa golfaa
Gaafa cinqiif gaafa kolfaa
Da'eessituu roobaaf aduu
Kan waliif hin qarre haaduu

Siinan baa'a siinan gala
Si'i miti korman siif qala
Sitti hin malu siifan mala
Jennee gaafa rakkoo sana
Waliif malle mala

Deemneerra imala kaayyoo
Boonyeerras akka aayyoo
Salphaatti as hin geenye
Miidhamni sun miti laayyoo

Waliin cabnee waliin kaanee

Maaf na ganta yaa hiriye?

Dhodhokattee eessa geessa?

Walitti qabna biyyaaf biyyee

Garuu, ...

Eessa keessee waadaa sabaa?

Maal deebifta gaaffii biyyaa?

Qopheeffattee waan dubbattu?

Koodee kiyya yaa hiriya!!

"Hiriyaan dharaa garaa si baraa; mataa si maraa; dhokfadhu garaa!" HH

Arrabnikoo siif joore

Kankoo qofa jedheen

Maqaakee waammadha

Sagaleekoo facaaseen

Jaalalakee haammadha

Silaa namni kan haammatu

Waan harkasaan facaase

Of keessattis sin yaama

Ofiin ofitti asaasee

Alaltuu laga keenyaa

Leemmanakoo yaa Shoolee

Otoon hin rafin abjoodheen

Guyyaa si waamaa oole

Sagaleenkoo hin dadhabu
Laagaan kiyyas sumaaf qoore
Dudubbii dhiisee hin beeku
Arrabnikoo sumaaf joore

Hin xumurre deemsakoo

Bar ani imaltuudha

Imaltuu galma qabu

Wacni warra hoo'isaa

Daandiikoorraa nan qabu

Deemsaaf imala eegalee

Dubbattuuf iddoo hin laadhu

Karaarran jira jedhees

Waan natti fe'ame hin baadhu

Faayidaadhaaf hin dhaabadhu

Miidhaa baqaas karaa hin maqu

Gubaaf bubbee baraaf jedhee

Mana gumaa hin dhaqu

Okkolfadhus nan tiradha
Numan gaa'a lafa kaayyoo
Gaafan ga'es
Nan haxaa'a dafqa aayyoo

Ammaaf garuu
Haalaf malaan na mooksuuf
Kan fuldurakoo yaa'u
Tasa hin dhama'inaa
Deemsakoo dhaabee hin taa'u

Imaanaaf kaayyoo sanatu
Na qoffora keessakoo
Ammas daandirran jira
Hin xumurre deemsakoo

"Jooraa sammuu fi miilakoof"

Hanga dhumaatti waan dubbistaniif galatoomaa!